# QAJEELFAMAA NAAMUUSA MUUDAMTOOTAAFI HOJJATOOTA MANA MARII DHIMMOOTA ISLAAMUMMAA OROMIYAA

**Seensa**

Muudamtoonni mana marii fi hojjattoonni qacaramaan naamusa tajaajilaa manni marii dhimmoota islaamummaa gaafatu horachuudhaan dirqama isaanii akka bahan barbaaduudhaan;

Dudhaaleen naamusaa kan Sharii'ahs ta'ee kan safuu kabajamuu yoo baatan hanqina uumamuuf itti-gaafatama hordofsiisu waan ta'eef muudamtota fi hojjattootaaf of-eegannoodhaaf akka ta'u fi haqummaa naamusa Shar'aah mirkaneessuufis akka gargaaruuf;

Walumaagalatti haqummaan amaanaa Rabbi fi ummataa itti-gaafatamummaa malee mirkannaahuu akka hin dandeenye amanuudhaan, dudhaalee naamusaa cabsuun itti-gaafatamummaa hordofsiisu hubachuudhaan, amantaa uummataa horachuun murteessaa ta'uu isaa itti amanuudhaan qajeelfamni naamusa muudamtootaa fi qacaramtoota Mana Marii Dhimmoota Islaamumma Oromiyaa kun bifa haarayaa bu'uura labsii Mana Marrii Bakka Bu'ootaa lakk. 1207/2012 Keeyyata 5/2 fi Dambii Ittiin Bulmaata Mana Marichaa Lakk 2/2016 Keeyyata 36 k/xiqqaa 11 hujitti hiikuuf tumameera.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**Keeyyata 1: Mata Duree Gabaabaa**

Qajeelfamni kun "Qajeelfama Naamuusaa Muudamtootafi Hojjattoota Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa Gulaalamee bahe Lak. 02/2016" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**Keeyyata 2: Hiikaa**

1, "Mana ykn Mannneen Marii Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa" jechuun Mana ykn manneen marii ykn ammoo Majlisa Dhimmoota Islaamaa fi Muslimoota Oromiyaa akkaataa gulantaalee bulchiinsa biyyattii sadarkaa naannoo irraa hamma daka masjiida ga'utti muslimoonni Oromiyaa bakka bu'oota isaaniitiin dhaabbatan jechuudha.

2, "Bakka bu'oota" jechuun namoota hawaasni Muslimaa sadarkaalee naannoo, godinoota/magaalaalee, aanota/ Kutaalee magaalaa, gandoota fi Majidootatti akka dhimma Islaamummaa mana maree isaanii hoggananiifi filan ykn kan caasaan majlisaa irraa olitti ta'e muudeef jechuudha.

3, "Aalimni (baayinni 'Ulamaa" jechuun beekaa ykn Sheekota ykn barsiisota amantii Islaamaa ummata barsiisuu, qajeelchuu fi gaggeessuun irratti bobba'anii fi ummannni Islaamaa akka kanatti isaanitti amane ykn beekuu jechuudha.)

4, "Waajjira Ulamaa" jechuun waajjira gamtaa/gurmuu aalimoota sadarkaa naannoo irraa hamma masjidatti caasaa Majlisaa keessatti hammatamanii hojjetan jechuudha.5, "Muftii" jechuun aalima ykn aalimoota beekaa ykn beektota irraa beekumsa Islaamaa fi muuxannoo geggeessummaa qabaachuu fi hoggansa fi murtii kennuudhaan itti amanamee beekamtii qabu ykn qaban jechuudha.



Oromiya Region Islamic Affairs Supreme Council

CamScanner

6. "Pireezidantii Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa" jechuun hogganaa waliigala manneen marii fi bakka bu'aa Islama Oromiyaa jechuudha.

7. "Muftii Oromiyaa" jechuun aalima Islaamaa 'aalimonni ykn Muftootii Oromiyaa dura taa'aa taasifatanii filatamanii waajjira Ulamaa'ii Oromiyaa hogganu jechuudha.

8. "Durataa'aa Majlisaa" jechuun bakkabu'aa ummataa gulantaalee manneen marii dhimmoota Islaamaa godinoota/magaalota irraa hamma masjidatti Walitti qabaa ta'uun filataman/muudamanii hojii geggeessana hoggannan jechuudha.

9. "Barreessaa Ol'aanaa" jechuun bakka bu'aa ummataa miseensa koree hojii raawwachiistuu ta'ee hojii mana marichaa gulantaa gulaantaa irraa jiru hundaa qindeessuufi saganteessuu jechuudha.

10. "Koree hojii raawwachiistuu" jechuun bakka bu'oota ummataa gulantaalee manneen mare hoggannan jechuudha.

11. "Yaa'ii Waliigalaa" jechuun walga'ii miseensota caasaalee Mana Mareechaa hunda hogganttoonni hundi yeroo murtaa'etti walgahanii fi qaama ool'aanaa gulantichaa ta'eedha.

12. "Sharii'ah" jechuun heera qulqulluu amantii Islaamaa jechuudha.

13. "Du'aat" jechuun lallabdoota Islaamaatti nama gorsan ykn lallaban jechuudha.

14. "Da'awaa" jechuun waamicha gara Islaamatti taasifamu jechuudha.

15. "Tarbiyyaah" jechuun Leenjii fi barnoota Islaamummaa jechuudha.

16. "Qacaramtoota" jechuun hojjattoota Manneen Marii mindeeffamanii hojii idilee hojjatan jechuudha.

17 "Hojjettota Biroo" jechuun ogeeyyii qacaraman ykn muudaman mindeeffamanii hojjatan biro jechuudha.

**Keeyyata 3: Jecha Saalaa**

Qajeelfama kana keesatti jechoonni koriniyaa dhiiraan ibsamu dubarttoota/dhalaas ni dabalata.

**Keeyyata 4: Daangaa Raawwii Qajeelfamichaa**

Qajeelfamnni kun raawwatamni isaa muudamtootaa fi hojjattoota Manneen Marii Oromiyaa Keeyyata 2 jalatti ibsaman hamma masjidaatti jiiran hunda hammata.

**Kutaa Lama: Badiiwwan Naamusaa**

**Boqonnaa I: Badiiwwan Salphaa (xixiqqaa)**

**Keeyyata 4: Beekumsa ofii Fooyyeessuuf Fedhii Dhabuu**

Beekumsa yookiin sadarkaa hubannoo ykn raawwii hojii kallatti irra jiran san irratti fooyyeessuuf leenjii, seeminaara, workishooppii adda addaa manni marii mataa isaatiin yookiin qaama biroo wajjin

wal ta'uudhaan qopheesse irratti sababa gahaa malee hirmaachuu diduu, akkasumas tattaaffi dhuunfaa ofiitiin beekumsa dabalachuu dhabuu.

**Keeyyata 5: Adeemsa Hojii Keessatti Kabaja Mana marii Eeguu Dhabuu**

Tajaajila mana marii keessatti gocha kabajaa mana marii tuqu raawwachuu.

**Keeyyata 6: Waliigalanii Hojjechuu Dhabuu**

Muudamtoota fi hojjatoota biroo Mana Marichaa waliin akkaataa seeraa fi danbii hojichaa ilaaluun waliigaluu, wal gargaaruu fi wal kabajuudhaan hojjechuu dhabuu.

**Keeyyata 7: Raawwannaa Hojii manneen marii To'achuu Dhabuu**

Muudamtoonni fi hojjattoonni biroo naamusa hin qabne, hojii isaanii faayidaa mataa isaaniif yookiin kan nama biroof oolchan to'achuu, gorsuu, fi barbaachisaa ta'ee yoo argames tarkaanfi seeraa fudhachuu dhabuu.

**Keeyyata 8: Hojii Keessatti Jechoota Salphinaa fi Saalfachiisaa akkasuma gochaa fi sochii seera sharii'ah faallessan fayyadamuu**

a) Rawwii yookin hojii qabatamaaf osoo hin barbaachisin bakka hojiittis ta'e bakka birootti jechoota yookiin gochaa salphinaa fi saalfachiisaa ta'e raawwachu.
b) Gochaa fi amala iyyalaa yookin kashalabbi ta'e calanqisiisu fi hojjachu.
c) Gochaa fi hojii seera sharii'ah faallessu hojjachuu.
d) Miidiyaa hawaasaatiinis ta'e miidiyaa kan biroo irratti sagaleenis ta'e barrefamaan, kabaja hojjataa hojii manichaa fi manicha kamuu yookin nama biroo xuqu, arrabsuu fi qeequu.

**Keeyyata 9: Naamusa Gaarii Dhabuu**

a) Hojjataan uffaanaadhaan, amalaan, muranna rifeensa mataa Sharii'ah faalleessu, gochaa fi bakka hin taane ooluudhaan kabaja isaa fi kan mana hojichaa salphisuu fi maqaa balleessu hojjachuu.
b) Bibila kaasuu dhabuu, deebisuu dhiisu, cufachuu, iddo teessoo ofii ballessuu yookin dhoksuu,
c) Keeyyata kana Keeyyata (9) jalatti keeyyatni xiqqa (c) yoo raawwatame argame sababa qamansiisaa fi quubsaa qofaan ta'uu qaba.

**Walqunnamtii fi Hariiro Sharii'ah Faalleesu Gochuu**

Haala fi hojii seera sharaii'ah faallesuu danda'u hojjattoota mana hojjichaa fi kan biroo waliin raawwachuu.

**Keeyyata 11: Yeroo Hojii Kabajuu Dhabuu**

Sababa gahaa yookiin hayyama utuu hin qabaatiin hojii irraa hafuu yookiin dhabamuu.



CamScanner

**Keeyyata 12: Hojii Dabalataan itti Kenname Hojjechuu Diduu**

Hogganaan isaa haalaa fi amala hojichaa irraa kan ka'e hojii dabalataan akka hojjetu yammuu itti kennu sababa quubsaa malee hojjechuu diduu;

**Keeyyata 13: Gabaasa Gochuu Dhabuu**

a) Gaggeessaan garee badii naamuusaa raawwattoota isa waliin hojjataniin raawwatame ittigaafatamaa isaa ol jiruutti hatattamaan gabaasa gochu dhabuu

b) Badiin namuusaa gaggeessaa gareetiin yoo raawwatame raawwattooti isa waliin hojjetan ittigaaftama isaanii olitti gabaasa gochuu dhabu.

c) Badiin naamuusaa kan raawwatame pirezidaantichaan yoo ta'e, muudamaan yookin hojjataan kamiyyuu yaa'ii waliigalaa sadarkuma san irra jirutti gabaasa gochuu dhabuu,

d) Muudamtoonni yookiin hojjataan kamuu tajaajila mana marii islaamuumma irratti badiin naamusaa raawwatamu arge yookiin beeke qaama ilaaluuf gabaasuu dhabuu,

e) Yaada hammeenyaatiin kaka'uudhaan gabaasa sobaa dhiyeessuu.

**Keeyyata 14: Hir'ina Hoji-gaggeessummaa**

1) Keewwatootni biroo qajeelfama kana keessatti tarreeffaman akka haala isaatti Durabu'oota manneen marii Godinaalee/Magaalotaa irraa hanga masjidaa irratti raawwannaa kan qaban ta'uun isaa akka eegametti ta'ee itti aantonni pirezidaantii mana marii ol'aanaa:-

   a) Gocha muudamtota yookin hojjattoota gidduutti garaagarummaa uumu raawwachuu yookiin sababiin gahaa otuu hin jiraatiin muudamtoota walqixa ilaaluu dhabuu

   b) To'annoo fi hordoffii gahaa ta'e gochuu dhabuudhaan hojii irra miidhaan akka ga'u taasisuu

   c) Iyyannoo yookiin odeeffannoo hir'ina naamuusaa dhihaateef yookiin bira gahame hordofee akkaataa qajeelfamichaatii tarkaanfii fudhachuu dhabuu;

   d) Ajaja seerummaa qabu kan itti gaafatamaa mana marii sadarkaa tokkoon ol'aanaa irra jiru irraa isaaf kenname raawwachuu diduu.

2) Keewattootni biroo qajeelfama kana keessatti tarreeffaman akka haala isaatti miseensota mana marii fi garee hoggantoota biroo irratti raawwannaa kan qaban ta'uun isaa akka eegametti ta'ee, walitti qabaa muftiwwaanii irrattis raawwatinsa ni qabaata.

## Boqonnaa II: Badiiwwan Ciccimoo

**Keeyyata 15: Lola Kaasuu**

Muudamtoonni yookiin qacaramtoonni:

a) Walga'iin utuu gaggeefamuu lola kaasuudhaan, muudamtoota yookin hojjettoota mana marii yookiin abbootii dhimmaa, loluu, reebuu yookiin reebuuf yaalii gochuu;

b) Walga'in alatti mooraa mana marii keessatti lola kaasuudhaan muudamtoota, yookin hojjattoota mana marii yookiin abbootii dhimmaa loluu, reebuu, reebuuf yaalii gochuu, yookiin walga'i irrattis ta'e walga'iin alatti arrabsuu

**Keeyyata 16: Naamusa Islaamummaa Cabsuu**

a) Dhugaatii nama macheessuu bakka kamittuu dhuguu, yookaan waan sammuu nama hadoochuu fayyadamuu

b) Walqunnamtiifi hariiroo yookaan sochii fi gocha Shari'aa faallessu hojjattootaa mana hojichaa waliin yookaan abbaa dhimmaa waliin yookaan nama biroo kamiinuu waliin raawwachuu.

**Keeyyata 17: Yaadaan Adda Bahuu**

Muudamtoonni walga'ii irratti yaadaan yammuu adda bahan akka ajandaan murtii irra hin geenye, yookiin ajajni haqaa ariifachiisaan hin kennamne yaaduudhaan yaada addaa mataa isaa yeroon ibsachuu diduu, yaada isaas yammuu ibsu sababa yaadaan adda bahe kaa'u irraan kan hafe beekaa karaa malee hamilees ta'e kabaja muudamtootaa yookin hojjattoota waliin hojjetan tuquu yookiin miidhuu.

**Keeyyata 18: Iccitii manaa Ifatti hin Dubbatamin Eeguu Dhabuu**

a) Murtiin walga'ii tokko irratti kenname osoo akka dubbatamu walii hin galin nama dhimmi hin ilaallannef dubachuu yookiin miidiyaa kamiifu ibsuun kennu.

b) Akka waliigalaatti waan iccitii jedhamee dhorkame muudmaas ta'e hojjataan biroo nama kan biraatis ta'e dhaabilee kamiifu dabarsee kennu yookin dubbachu.

**Keeyyata 19: Matta'aa Fudhachuu fi loogiin Hojjachuu**

1. Sababa dhimma Mana Mariitti dhiyaateen, yookiin dhiyaatuun, yookiin dhiayatee murtaa'en matta'aa, yookiin faayidaa biroo kallattiidhaanis ta'ee al-kallattiin harka lafa jalaatiin abbaa dhimmaa irraa fudhachuu yookiin fudhachuuf yaalii gochuu
2. Sababaa firummaatiin yookin naannummaatiin yookiin hiriyyumaatiin yookin hidhata birootiin loogiin hojjachuu.

**Keeyyata 20: Aangoon Gar-malee Fayyadamuu**

Dantaa isaaf ta'uu hin malle argachuuf yookiin nama birootiif argamsiisuuf yookiin nama biroo irraan miidhaa geessisuuf yaaduudhaan muudamaanis ta'e hojjatoonni biro aangoo fi kabaja ofiitiin garmalee gargaaramuu.

**Keeyyata 21: Loogiin Hojjachuu**

Loogiidhaan, firummaan, malaamaltummaadhaan faayidaa addaa akka kennuuf gara muudamaatti yookin hojjataa birootti dhaquu

**Keeyyata 22: Miseensa Dhaaba Siyaasaa Ta'uu**

Hojii mana mariitif muudame yeroo hojjicha hojjataa jirutti miseensa dhaaba siyaasaa kam iyyuu ta'e argamu yookiin haala ejjanno siyaasaa agarsiisuu danda'uun dhaaba siyaasaa kamu wajjin hiriiruu.

**Keeyyata 23: Walga'ii irraa hafuu fi Murtii Manaa Diduu**

a) Walga'ii idilees ta'e kan ariifachiisaa waamame yookin dhaga'e sababaa humnaa olii yoo ta'e male, ta'e jedhanii yookin dantaa dhabuun yookin hojicha duubatti akka harkifatu gochuuf irraa hafuudha,

b) Walga'ii irratis ta'e marii irratti yaada harka caalaan fudhatama godhate yaada koo malee hin fudhu jedhanii diduu.

**Keeyyata 24:-Aamaana ummataa irra caalaa hojii dhuunfaa ofii dursuu**

1. Hojii mana marii caalaa kan dhuunfaa ofii yookin hojii biroof ayyama malee dursa kennuu
2. Beellama hojii mana marii irratti beellama kan biroo qabachuu fi sababaa kanaan hojii irratti miidhaan ga'u

**Kutaa Sadii**

**Adabbii Naamusaa**

**Boqonnaa I: Bu'uura, Kaayyoo fi Gosoota Adabbii**

**Keeyyata 25 :-Kaayyoo Adabbii**

**Kaayyoon Adabbii naamuusaa:** Adabamaan badii raawwatetti gaabbee akka of sirreessu dandessisuu fi muudamtoonni fi hojjattoonni biroos kaanis akka irraa baratan taasisuu yommuu ta'u of sirreessuu yoo dhabe garuu hojii irraa gaggeessuudha.

**Keeyyata 26:-Bu'uura Adabbii**

1. Dhimmoonni naamuusaa xixiqqaa amala isaaniitiin gochoota guyyaa guyyaadhaan raawwatamanii fi miidhaa isaan dhaqqabsiisan irraa ka'amee akka hanqina naamuusaatti kan ialaalaman waan ta'eef adabbiin kennamus qixa kanaan wal madaalu ta'uu qaba.
2. Dhimmoonni naamuusaa kan uumaman haala adda addaa keessatti fi amala adda addaatiin waan ta'ef miidhaan isaan dhaqqabsiisanis gargar waan ta'ef adabbiin kennamu haalawwan kanneen tilmaama keessa galchuu qaba

**Keeyyata 27:-Gosoota Adabbii**

**Gosa Adabbii Hanqina Naamuusa Salphaa (Xixiqqaa)**

1. Hanqinni naamuusa salphaa yeroo jalqabaatiif yoo raawwatame gaggeessaan human namaa yookiin itti gaafatamaan damee isaa badii raawwate mariisisee gorsa afaanii ni kennaaf
2. Hanqinni naamuusaa xiqqaan yeroo 2ffaf yoo raawwatame gaggeessaan dhimmaa yookin hoggaanaan damee dhima isaa ammas gorsaa fi akeekkachiisa ni kenna
3. Hanqinni naamuusaa xiqqaan yeroo baatii 2 keessatti yeroo 3ffaaf yoo raawwatame gaggeesaan dhimmaa barreeffamaan akeekkachiisa ni kenna
4. Akeekkachiisi barreeffamaa erga kenname booda yeroo baatii tokko keessatti badii xiqqaa kan biraan yoo raawwatame dhimmichi gara badii guddaatti jijjirame garee aangoo qabutti dabarfama.
5. Yeroo tokkotti badiiwaan xixiqqaan tokkoo oli ta'an yoo raawwataman akkaataa Keeyyata kana Keeyyata xiqqaa (2) fi (3) tiin akka yeroo 2ffaaf yookin 3ffaaf raawwatameetti ilaalama

**Keeyyata 28:- Gosa Adabbii Naamuusa Ciccimoo**

1) Muudamaan yookin hojjataan badii naamusaa ciccimoo yeroo jalqabaaf rawwate akeekkachisani barreefamaa badichi raawwatamee yeroo ji'a tokkoo hin caalle keessatti ni kennamaaf.
2) Badiin salphaa tokko baatii tokko keessatti yeroo $2^{ffaa}$f yoo raawwate mindaa hanga ji'a tokkoo ga'uu danda'u adabsiisa.
3) Muudamaan yookin hojjataan biroo badii cimaa tokko yookin badii xixiqaa adda addaa yeroo lamaaf yoo raawwate mindaa ji'a lamaa hanga ji'a sadi'i gahuu danda'uun adabama.
4) Hojjataan dhaabbi yookin kan yeroof qacarame, badii ciccimaa kam iyyuu yeroo $2^{ffaa}$f yoo raawwate guddina sadarkaa irra jiru irraa gadi bu'ee akka hojjatu ni murtaaha.
5) Muudamaan yookin hojjataan biroo gosoota badii cicimoo kamiyyuu yeroo sadaffaaf yoo raawwate hojii irraa ni gaggeeffama.
6) Badiiwwan Keeyyata kana Keeyyata xiqqaa (4) jalatti ibsaman kan raawwataman yeroo tokkicha yoo ta'e badichi akka haala isaatti yeroo lammaffaaf yookiin yeroo sadaffaaf akka raawwatametti lakka'amu danda'a
7) Keeyyata kana Keeyyata xiqqaa (4) jalatti kan ibsame yoo jirateiyyuu, haalli badiin itti raawwatame fokkataa fi kan seera Sharii'ah bu'uuraa fallessu ta'uu isaa irraa kan ka'e muudamaan yookin hojjataan biroo **balleessaa** ta'uun isaa mirkanaa'e, hojii itti fufuu akka hin qabne kan mul'isu yoo ta'e dhiyeessi hogganaa hojichaatiin, barreesaa Ol'aanaa Pireezidantii ykn Durataa'aa mana marichaa waliin ta'un hojii irraa dhaabsisuun koree hoj-raawwachiiftuutiif gabaasa ni godha.
8) Keeyyata kana keewwatoota xiqqaa (1) fi (6) jalatti kan ibsame yoo jiraataniyyuu muudamaan yookin hojjataan biroo badii Keeyyata (18) jalatti ibsame yeroo duraatiif raawwate, hir'ina dandeettii fi hanqina gahumsaa mul'ise, akkasumas faayidaa hojichaaf barbaadamu dhabsiise miidhaa hanqinichi dhaqqabsiise irraa ka'amee hojii irraa gaggeeffamuu ni danda'a.

**Keeyyata 29:- Addabbii Addaa**

1) Gosoota adabbii naamuusaa ilaalchisee qajeelfama kana keessatti kan tumame yoo jiraate iyyuu hoggantoonni sadarkaa hunda irratti argaman kamuu kan muudamaas ta'e yookin kan qacarrii hanqina sirraa'uu hin dandeenye badiiwwan hir'inaa naamuusaa kan xixxiqaa fi ciccimaa raawwannaa hojii qajeelfama kana Keeyyata 14 jalatti ibsaman keessaa tokko isaa yoo raawwatee argame hojii hoggansumma irraa akka ka'u manni marii sadarkaa sanatti jiru nimurteessa.
2) Keeyyata kana keeyyata xiqqaa tokko jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'e badiiwwan raawwatame hogganaa ol'aanaan yoo ta'e, dhiyeessi hogganaa sadarkaan itti aanuutiin kan dhiyaatu ta'a
3) Badiwwan qajeelfama kana keessatti Keeyyata 14 jalatti tumaman dhiyeessi hogganaa ol'aanaan ta'ee murtoon kennamu hoggansa mana marii ulamaa'ota sadarkaa san irratti argamun ta'a
4) Keeyyata kana Keeyyata xiqqaa (3) akkuma jirutti ta'e akkaata Keeyyata (26/5) yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffamu qaba.



CamScanner

**Keeyyata 30:- Mirga Shakkamtootaa**

1. Qajeelfama kana keessatti keeyyattoota badii naamuusaf tumaman hunduu kan raawwataman erga shakkamaan badii naamusaa amansiifamee yookin badii isaa fudhate yookin ragaan itti mirkaneesse booda ta'a.
2. Muudamaan kamuu yookin hojjataan biroo kamuu badii naamuusaa hogganaan isaa itti murteesse irraa komii yoo qabaate yeroo guyyaa 15 hin caalle keessatti, hogganaa ol'aana manaatti iyyachuu nidanda'a.

**Keeyyata 31:- Aangoo Tarkaanfii Bulchiinsaa Fudhachuu**

Itti-gaafatamummaa fi adabbii naamusaa ilaalchisee dambii kana keessatti kan tumame akka jirutti ta'ee:

1. Walitti qabaan yookin hoggaanaan Majliisota sadarkaa kamiyyuu mindaan muudamaa hayyama yookiin sababa gahaa malee hojirraa hafee yookiin dhabamee gara kaazinaa mana marichaatti akka deebi'u taasisuuf aangoo ni qabaata
2. Muudamaan badii naamuusaa raawwate jedhame tokko hanga dhimmi isaa qulqullaa'ee murtii argatutti hojii itti fufuun isaa naamusa hojii mana marichaatiin kan wal fallessu ta'ee yoo itti mul'ate **Hoogganaan Mana Marii** sadarkaa kami iyyu jiru muudamicha yeroo baatii tokko hin caalleef hojii isaa irraa dhorkuu ni danda'a. Dhorkaan kuni dhorkaa mindaa kan dabalatu miti
3. Tarkaanfiin bulchiinsaa Keeyyata kana Keeyyata xiqqaa (1) fi (2) jalatti ibsame walgahii Koree Huji Raawwachiiftuutti dhihaatee mirkannaahuu qaba.

**Kutaa Afur**
**Tumaalee Adda Addaa**

**Keeyyata 32:- Itti-gaafatamaa Walitti qabaa Mana Marii**

1. Hoggaanaan waajjiraa yookin hogganaan damee hojiwwan Mana Marii sadarkaa kamii iyyuu, muudamaan mana marii akkasumas "hojjataan biroo" hir'ina dandeettii hojii irratti mul'ateera jedhee amanu hordofuudhaan ragaa dhimmicha ilaalu waliin hogganaa sadarkaa san irratti argamuuf yookin itti aana hoogganaa sadarkaa san irra jiruuf barreeffamaan gabaasuudhaaf itti gaafatamaa ni qabaata
2. Hoggaanaa Mana Marii sadarkaa kam iyyu muudamaa yookin hojjataa biroo sadarkaa Mana Marii kam iyyuu irra jiran hir'ina dandeetti fi cimina hojii mul'isan jedhaman haala addaatiin hordofuu fi hir'inichi leenjiidhaan fooyya'uu kan danda'uudha jedhee yoo amane leenjiin addaa akka kennamuuf taasisuudhaaf itti gaafatamaa ni qabaata,
3. Hir'inni dandeettii fi cimina hojii mul'ate dadabalamee fi fooyya'uu kan hin dandeenyeedha jedhee kan amanu yoo ta'e dambii Keeyyata (26) fi (27) jalatti akkaataa tumameen ni murtaa'a.



CamScanner

**Keeyyata 33:- Dirqama Gabaasuu**

1. Gaggessaan dhimma mana marii sadarkaa kamiyyu gaabasa raawwii hojii mana marii sadarkaan itti aanuuf kurmaana kurmaanaan gabaasuu qaba.
2. Gareen hojii raawwatan woggaatti yeroo lama yaa'ii waliigalaa sadarkaa san jiruuf gabaasuu qabu.

**Keeyyata 34:- Ol'aantummaa Seeraa Kabachiisu**

1. Muudamaan kamuu yookin hojjataan kamuu keeyyatowwan qajeelfama kana keessatti ibsamanii fi seeraa fi danbii hojiin manichi baafate kan biroos fudhachuu dide fi ajajamu dide tarkaanfiin isaa seera biyyattii kan rogummaa qabuun kan raawwatu ta'a.

**Keeyyata 35 :- Darbiinsa yeroo**

Muudamaa yookin hojjataan biroo badii naamusaa dalagetti gaafatamuuf turtiiti yerootiin kan daangeffamu miti.

**Keeyyata 36:-** Qajeelfamnni Kun gaafa 01/09/2016 irraa eegalee hojii irra kan oolu ta'a.

**Sheek Jamaal Muussaa**

**Pireezidantii Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa**

**Sheyk Jamaal Muusaa Jiloo**
**Pirezdaantii**
الشيخ جمال موسى جلو — رئيس المجلس
ሼክ ጀማል ሙሳ ጂሎ -ፕሬዝዳንት
**Sheik Jemal Musa Jilo- President**